# XIINXALA FAYYADAMA AFAANIIFI WALDHABBII ASOOSAMA DHEERAA "GUMAA GALAATEE"

**ASTEER GETAACHOW**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHILAR-AARTII AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI QUUNNAMTIIN GAMISAAN GUUTTACHUUF DHIYAATE**

**YUUNIVARSIITII FINFINNEE KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOOTAA, JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO OGBARRUUFI FOOKILOORII**

**FULBAANA, 2014/2021**

**FINFINNEE, OROMIYAA**

# XIINXALA FAYYADAMA AFAANIIFI WALDHABBII ASOOSAMA DHEERAA "GUMAA GALAATEE"

**ASTEER GETACHOW**

**GORSAAN: TOLAMAARAM FUFAA (PHD)**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHILAR-AARTII AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI QUUNNAMTIIN GAMISAAN GUUTTACHUUF DHIYAATE**

**YUUNIVARSIITII FINFINNEE KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOOTAA, JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO OGBARRUUFI FOOKILOORII**

**FULBAANA, 20154/2021**

**FINFINNEE, OROMIYAA**

# Galata

Duraan dursa Waaqayyoo deemsa koo qajeelchuun milkaa'ina kootiifi bu'aa ba'ii bayyee na dabarsee har'aan na ga'eef galannii koo guddaadha. Itti aansuun, milkaa'aina hojii kanaaf yeroo isaanii aarsaa gochuun kan na qajeelchaafi na jajjabbeessaa turan gorsaa koo Dr Tolamaaam Fufaaf galanni koo guddaadha.Umurii dheertuun isaanif hawwa.

Itti aansuun abbaa koo Obbo Geetachoow Guutamaafi haadha koo Adde warqinee Taaddasaa yeroo ijoollummaa koo irraa kaastanii dhamaatii isin naaf gochaa jirtanif galata jabduu narraa qabdu. Waqayyoon umurii arraagessaafi fayyaa siniif yaa laatu. Akkasumas, obboleessa koo Biyyanaa Geetaachowfi obboleetti koo Abbayinash Getaachow oolmaa obbolummaa naaf ooltaniif carraa kanaan isinan galateeffadha. Akkasumas, firroottan koo kallattii garaagaraan na bira dhaabbataniif galanni koo guddaadha.

**_Axereeraa_**

*Qorannoon kun boqonnaalee shan kan of keessaa qabu yoo ta'u, boqonnaa tokko seensa, boqonnaan lama, sakatta'a barruuwwanii, boqonnaan sadi malleen qorannoo, boqonnaan afur, qaaccessa ragaaleefi boqonnaan shan guduunfaa, argannoofi yaboo kan of keessaa qabaniidha.Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa xiinxala fayyadama afaanii asoosama Gumaa Galaatee, yoo ta'u kunis tokkoon tokkoo fayyadama afaaniifi waldhabbiiwwan asoosamichati. Kun immoo tokkoon tokkoon fayyadama afaanii sadarkaa jechootaa kan ta'an jechoota ergisaa, jechoota loogaa, jechoota walfakkiifi kkf qaacceffaniru. Gama waldhabbiin immoo waldhabbiiwwan asoosamichaa, waldhabbii keessoo ykn xinsammuu, waldhabbii namaafi namaa, waldhabbii namaafi uumaa, waldhabbii namaafi uumama jchuun adda ba'uun qaacceeffamniru.Milkaa'ina kaayyoo kanaafis kitaaba asoosamaa 'Gumaa Galaatee' jedhu bifa sakkatta'a dookumentiin sakkatta'ameera.Qorannoon tokko mala ittiin adeemsifamuu qaba. Kunis mala qorannoo akkamtaatti gargaaramuun qorannoon kun adeemsifameera.*

# Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**

Galata ... i
*Axereeraa* ... ii
Baafata ... iii
Boqonnaa Tokkoo: Seensa ... 1
1.1 Seenduubee Qorannichaa ... 1
1.2.Ka'umsa  Qorannichaa ... 2
1.3 Kaayyoo Qorannichaa ... 2
1.3.1 Kaayyoo Gooroo ... 3
1.3.2 Kaayyoo Gooree ... 3
1.4. Faayidaa Qorannichaa ... 3
1.5 Daangaa Qorannichaa ... 4
1.6 HanqinaQorannichaa ... 4
Boqonnaa Lama Sakkata'a Barruu ... 5
2.1 Sakata'a Barruu Yaadrimee ... 5
2.1. 1. Fayyadama Afaanii ... 5
2.1.1.1. Fayyadama Jechootaa ... 6
2.1.1.1.1. Jechoota Ergisaa ... 7
2.1.1.1.2 Jechoota Faallaa ... 7
2.1.1.1.3. Jechoota Walfakkii ... 7
2.1.1.1.4. Jechoota Loogaa ... 8
2.1.1.2 Sadoommii ... 8
2.1.1.3. Akaakuuwwan Sadoommii ... 9
2.1.1.3.1. Akkasaa ... 9
2.1.1.3.2. Bakkasaa ... 10
2.1.1.3.3. Nameessuu ... 10
2.1.1.3.4.Arbeessuufi Busheessuu ... 10
2.1.1.3.5. Sobdhugaa /Eemiti ... 11
2.1.1.3.6.Agiboo/Habalaka ... 11
2.1.1.3.7  Fakkoommii/Mallattoo ... 11
2.1.1.4. Mammaaksa ... 11
2.1.2. Maalummaa Ogbarruu ... 12
2.1.2.1 Maalummaa Asoosamaa ... 13
2.1.2.1.1 Waldiddaa/waldhabbii ... 13
Gosoota Waldhabbii ... 14
2.2 Sakkatta'a Barruu Walfakkii ... 16
Boqonnaa Sadii: Malleewwaan Qorannoo ... 18
3.1 Saxaxa Qorannichaa ... 18

3.2 Mala Iddatteessuu ........ 18
3.3Madda Ragaalee Qorannichaa ........ 18
3.4 Meeshaa funaansa Ragaalee ........ 18
3.5 Tooftaa Xiinxala Ragaalee ........ 19
Boqonnaa Afur: Qaaccessaafi dhiyeessa Ragaalee ........ 20
4.1 Ibsa GabaabaaWaa'ee Kitaabichaa ........ 20
4.2 Subseena Asoosama 'Gumaa Galaatee' ........ 20
4.3 Xiinxala Fayyadama Afaanii Asoosama 'Gumaa Galaatee' ........ 21
4.3.1. Fayyadama Jechootaa ........ 21
4.3.1.1 Fayyadama Jechoota Ergisaa ........ 22
4.3.1.2.Fayyadama Jechoota Loogaa ........ 23
4.3.1.3. Fayyadama Jechoota walfakkii ........ 24
4.3.2 Fayyadama Mammaaksaa ........ 25
4.3.3 Fayyadama Sadoommii ........ 26
4.3.3.1. Fayyadama Akkasaa ........ 26
4.3.3.2. Fayyadama Bakkasaa ........ 27
4.3.3.3. Fayyadama Arbeessuu ........ 27
4.3.3.4. Fayyadama Mallattoo ........ 28
4.4 Xiinxala Waldhabbii Asoosamaa' Gumaa Galaatee' ........ 28
4.4.1 Xiinxala Waldhabbii Keessoo ........ 28
4.4.2 Xiinxala Waldhabbii Namaafi Namaa ........ 30
4.4.3 Waldhabbii Namaafi Uumaa ........ 31
Boqonnaa Shan: Guduunfaa, Argannoofi Yaboo ........ 32
5.1 Guduunfaa ........ 32
5.2 Argannoo ........ 32
5.3 Yaboo/Yaada furmaataa ........ 33
Wabii ........ 34
Waraqaa Mirkaneeffannoo ........ 35

# Boqonnaa Tokkoo: Seensa

## 1.1 Seenduubee Qorannichaa

Ogbarruun hojii kalaqa ilma namaa ta'ee, aadaa, seenaa, duudhaa, siyaas-diinagdee, hawaasummaa, amantaa, falaasama, akkasumas, haala jiruufi jireenya hawaasa tokkoo kan ittiin calaqqisifamuudha.kunis bifa miidhagina qabuufi ofitti nama harkisuu danda'uun afaan ogbarruun faayamee barreeffamaan hawaasaaf kan dhiyaatudha.Kun immoo haala jiruufi jireenya giddugala godhate ergaa jiru dabarsa. Kanuma ilaalchisuun barreessitoonni akka jedhanitti:

Akka Amaanfi Baahiruun, (2006:81) jedhanitti "Ogbarruun ogummaa waan tokko miidhaksanii dhiheessuuti.Wanti dhihaatu kun afaanin ykn barreeffamaan dhalootatti darbu" kanarraa kan hubannu, ogbarruun ibsitoota adda addaa itti dabalamuun kan kalaqamuufi barreeffama qofaan akka hin dabarre afaaniinis akka dabalatuudha.

Ogbarruun gooroowwan akka asoosama, walaloofi diraamaa of keessaa kan qabu ta'ee, tokkoon tokkoon gooroowwan ogbarruu kanaa caacculeefi afaan ogbarruu ni qaba. Asoosamni hojii kalaqaa muuxannoofi muudannoo hawaasa tokkoo bu'ureeffachuun kan kalaqamuudha.Akka (Fedhasaan , 2017:96) irratti ibsetti "Asoosamni argaa yaada barreessan kalaqamee suura jireenya dhala namaa addunyaa keessatti kaasee kan mul'isuudha".Yaada kanarraa kan hubannu asoosamni kalaqa argaa yaadaa ta'ee, taatee addunyaa dhugaa keessatti mul'atu afaan ogbarruu fayyadamnee addunyaa kalaqaa keessatti faayamee kan barreeffamuudha. Akkasumas,"በእረግጥም ልቦለድየግላዊናየማህበራዊህይወትልዩልዩገጽታችንየሚንጸባረቁበትበቃላትአማካይነትየሚሳልምናባዊየሆነናበውልየሚታይነፍ ስያለውስእልነው"፡ዘሪሁን፡(2014፡152)፡፡Kana jechuun, asoosamni haala jiruuf jireenya nama dhuunfaafi hawaasaa bifa wal makaa ta'een Kan ibsu ykn calaqqisiisuudha. Kun immoo filannoo jechootan lubbuu itti horuun, tokkoon tokkoon caacculee asoosamicha fayyadama afaan isaan asoosama sanaa kan ibsanidha.

Fayyadamni afaanii, dhiimmota hedduu giddu galeessa kan qodhatuufi wantoonni barreessan dubbisaaf xiyyeeffannoo keessa galchuu qabu kan jirudha kun immoo dubbistoota hedduu qabaachuufi dubbisaa asoosama sanaa biratti fudhatamummaa argachuuf, fayyadamni afaanii barreessaan kuulee itti fayyadamu murteessaa ta'uu isaati.

## 1.2.Ka’umsa Qorannichaa

Ogbarruun dhimmoota hawaasaa beeksisuu keessatti gahee ol aanaa qaba.Gooroowwan ogbarruu keessaa qorattuun kan irratti xiyyeeffatte asoosama dheeraa Afaan Oromoo ‘’Gumaa Galatee’’ yoo ta’u qorannoo kana gaggeessuuf kan sababa ta’an keessaa;-asoosamni kun kan qorannoon biroo asoosama kana irratti hojjetaman qorattuu hin kan quunnamnefi qorattuun kun asoosama kana haalaan dubbistee waan hubatteefi haalli fayyadama afaan isaafi waldhabbiiwwan akkamii akkaa jiran hubachuufidha. Dabalataanis, qorannoo kana gaggeessuuf kan ka’umsa ta’an yeroo baay’ee haayyoonni hiikaa ogbarruu yeroo kennan ogummaa barreeffamaa qofa akka ta’etti ibsu.Kun immoo ogummaan barreeffamaa leellifamee afoolli akka keessa bahu ta’eera. Qorattuun tunis kanuma bu’ura godhachuudhan, afoolawwan asoosamicha keessatti barreeffaman kan akka mamaaksaa, geerarsaaf jechamoonni, afaannonni fayyadaman, jecha ergisaa jecha loogaa, jechoota tishoo, sadoommiiwwaanf kkf adda baasufidha. Dabalataanis, caacculee asoosamichaa keessaa waldhabbiiwwan jiran bakka itti ilaaltudha.

Barreessitoonni ogbarruu tokko yeroo barreessan haala jiruufi jereenya hawaasaa, siyaas dinagdee, duudhaafi aadaa hawaasaa giddu galeeffatanii haa barreessan malee, ogbarruu sana dubbisaa biratti fudhatammuummaa kan qabaachisu fayyadama afaanitin ala ogbarruu ifatti mul’achuu hin danda’u. kanaafuu, fayyadama afaaniifi waldhabbii asoosama dheeraa “Gumaa Galaatee” kan xiinxaltu ta’a. kana malees, haala qabatama hawaasa keessaa jiruufi jireenya Oromoofi Oromiyaa maal akka dabarsu, madaafi miidhama Oromiyaa baroota hedduu akkamitti akka keessa jiruufi madeeffamuufi miidhama ilmaan Oromoof sirnoonnin adda addaa asoosama kana keessatti waan argamaniif tokkoon tokkon isaanii adda baastee ibsuu kaka’umsa guddaa kan ta’efidha. Qorannoon kunis gaaffilee armaan gadii kana deebisuu danda’a. Isaanis:

- Fayyadamni afaanii asoosama “Gumaa Galate” maal maal hammata?
- Waldhabbiiwwan asoosamicha keessatti argaman gosa kam kami?
- Fayyadamni afaanii asoosamichaa waldhabbii achi keessatti argaman tumsuu irratti maal fakkaata?

## 1.3 Kaayyoo Qorannichaa

Qorannoon kun kaayyoowwan gooroofi gooree of keessaa qaba.Isaanis armaan gaditti ibsamaniiru

### 1.3.1 Kaayyoo Gooroo

Kaayyoo gooroon dhimma guddaa hojii tokkoo yoo ta'u, .Kaayyoo gooroon qorannoo kanaas xiinxala fayyadama afaaniifi waldhabbii asoosama dheeraa "Gumaa Galaatee'' jedhu ta'a.

### 1.3.2 Kaayyoo Gooree

Kaayyoo gooreen hojilee murta'oo hojii tokkoo yoo ta'u, Kaayyoon Gooree qorannoo kanaas:

- Fayyadama afaanii asoosama "Gumaa Galaatee" adda baasuun ibsuu
- Waldhabbiiwwan asoosama qorannoof filatame keessatti argaman gosa gosaan adda baasuun xiinxaluu
- Fayyadamni afaanii asoosama "Gumaa Galaatee" waldhabbii asoosamichaa ibsuu irratti ga'ee isaa adda baasuun ibsuu

## 1.4. Faayidaa Qorannichaa

Qorannoon tokko kan adeemsifamu, rakkoo tokkoof furmaata barbaaduu ykn beekumsa haara'a argachuuf ykn waan xiqqaa tokkorraa dame beekumsa guddaa mul'isuuf ta'uu danda'a. Bu'aan qorannicha irraa argamu immoo qaamolee garaagaraa fayyaduu danda'a. Bu'aan kunis kanneen armaan gadii ta'uu danda'a.

- Guddina ogbarruu Oromoof gumaacha guddaa kennuu danda'a. Kana jechuun qorannoon kun xiyyeeffannoon isaa xiinxala faayyadama afaaniifi waldhabbii asoosama irratti waan ta'eef, akkaataa barreessan afaan adda addaa fayyadamuufi waldhabbiiwwan asoosama tokkoo itti darbuufi waldhabbichis maal? Irratti akka ta'eefi kun immoo fayyadama afaanii jala dhokatee waan ibsuuf, guddina ogbarruuf ni gumaacha.
- Barreessitoota ogbarruu Oromoo haala fayyadama afaan ogbarruu caalatti kam? Fayyadamuu akka qaban karaa akeeka.
- Namoota qorannoo waa'ee fayyadama afaaniifi waldhabbii asoosama irratti gaggeessaniif akka ka'umsaatti tajaajiluu danda'a.
- Haala jiruufi jireenya hawaasa tokkoo asoosaman keessa dhoksanii dubbistoota biraan ga'uuf ibsuuf. Keessumaayyuu, haala siyaas diinagdee Oromoo keessatti mul'atan afaan akkamiitti dhimma akka ba'aniifi waldhabbii asoosamichaan fayyadamanii waldhabbii hawaasa keessatti mul'atu ibsuuf maalitti akka gargaraman addeessuu danda'a.

## 1.5 Daangaa Qorannichaa

Ogbarruun yaadrime bal'aa of keessaa kan qabuufi gooroo hedduu waan hammatuuf, waa'ee ogbarruu mitii, caacculee asoosama tokkootu iddoo tokkotti qorachuun ulfaataafi kan hin danda'amne waan ta'ef, caacculee ogbarruu keessa asoosama; caacculee asoosamaa keessa immoo waldhabbiifi fayyadama afaanii irratti kan xiyyeffataedha. Kanaafuu, daangaan qorannoo kanaa "xiinxala fayyadama afaaniifi waldhabbii soosama dheeraa afaan Oromo'Gumaa Galaatee'"jedhu yoo ta'u, fuulleffannaan qorattuu asoosama filatame irratti fayyadama afaaniifi waldhabbiiwwan asoosamichaa haalaan xiinxaludha.

## 1.6 HanqinaQorannichaa

Hojii kamiyyuu hojjetanii xumuruuf rakkoon adda addaa nama muudachuu danda'a. kun immoo hojii qorannoo keessatti akka hanqinaatti ilaalamuu danda'a.hanqinnoonni kuniinis hanqina yeroo, maallaqaafi kitaabilee wabii ta'uu danda'a. hanqina yeroo: qorannoo kana haala gadi fageenya qabuun fayyadama afaaniifi waldhabbii asoosamaarra darbe caacculee biroo akka hin ilaaleeef hanqina ta'ee argameera. Dabalataanis, maallaqniifi kitaabileen wabii akka fedhii qorattuutti dhabamanis, madda garaagaraa fayyadamuun jala darbuu dandeessetti.

## Boqonnaa Lama Sakkata'a Barruu

Boqonnaa kana jalatti barruuwwan kan sakkata'aman yoo ta'u, kunis yaadrimee ogbarruu, asoosama caacculee asoosamaafi qorannoowwan walfakkii iddoo keessatti ka'aniidha.

### 2.1 Sakata'a Barruu Yaadrimee

#### 2.1. 1. Fayyadama Afaanii

Afaan ta'iiwwan ilmi namaa ittiin waliigaluufi ittiin yaada waljijjiirudha. Haa ta'u malee, ilmi namaa haalli ittiin afaan fayyadamee ittiin waliigaluufi ergaa waljijjiiru gargari. Garaagarummaan kunis fayyadama afaanii jedhama. Sababni isaas, fayyadamni afaanii nama kamiyyuu biratti dhimma nuti haasofnu saniifi nama wajjiin haasofnu sanaan murtaa'a. namoonni afaan tokko fayyadamanii yeroo ergaa dabarfatan dhimma dabarfataniifi dhimma dabarfatan irratti hundaa'uun afaan tokko keessaa looga filachuufi afaan biraa irraa jechoota ergifachuun itti fayyadamu. " Fayyadamni afaanii karaa afaaniitiin walitti dhufeenyi yeroo taasifamu namni tokko ykn hawaasichi looga afaanichaa keessaa isa kam akka filatu agarsiisa. Kana jechuunis, qorannoo fayyadama afaanii ta'a" (Jaalalli,2002:9) yaaduma kana kan cimsu,

*Itti fayyadama afaanii jechuun haala tajaajila afaan iddoo adda addaa keessatti qabuudha. Kanaafuu, hojiin itti fayyadama afaanii irratti hojjetamu garaagarummaa haala xinqooqaafi hawasummaa jiru adda baasuufi ibsuurratti xiyyeeffachuu qaba. Kana jechuun haala itti fayyadama afaanii hunda addaa addummaa hawaasa saba afaanin uumamu kan hammatuudha. Askeessatti, garaagarummaa kan jedhu namni dubbatu sun gosa garaagaraa afaanicha keessa jiru filatee kan dubbatu ta'uu isaati.*

Yaada barreessitoota armaan olii irraa kan hubatamu, itti fayyadamni afaanii tajaajila afaan yeroo adda addaatti hawaasa keessatti qabuudha. Kanaafuu, fayyadamni afaanii tajaajila afaan hawaasa keessatti qabu yoo ta'u, innis, yeroo hawaasni dhimma tokkoof itti fayyadamu dubbii afaanii dhama qabuutti fayyadama jechuudha. Itti fayyadamni afaanii akkuma sagalee dubbii afaanii keessatti tajaajila murteessaafi barbaachisaa qabu, hojiiwwan uumee ykn kalaqaa keessattis tajaajiala murteessafi barbaachisaa qaba.

Afaan karaa ergaa ittiin dabarfatan keessaa karaa ijoo waan ta'eef, hojii kalaqaa ilma namaa keessatti ga'ee guddaa qaba. Hojiin uumee ykn ogbarruun tokko dubbistoof dubbifamuufi dhiisuu jaalalaafi fudhatamummaa qabaachuu keessatti fayyadamni afaanii madaallii jalqabaati.

Kun immoo barreessan seerluga afaanichaa eegee barreessu qofa osoo hin taane afaan inni fayyadame ammam miira dubbistootatti akka uumuufi fudhatamummaa argachisuf tarreen yaadaafi fayyadamni afaanii murteessadha. Yaaduma kana ilaalchisee, (Jaalalliin , 2000:12) Zarihun, 1995 wabeeffachuun yoo ibsu:

*Barreessan dandeetti afaanii olaanaa ta'e isa barbaachisa yoo jedhamu, karaa biraatin yaada isaa haala ifaafi nama hawwatuun ibsuufi dabarsuu danda'uu qaba jechuudha. Akkas gochuuf immoo amala jechootaa, haala ga'umsa isaaniifi akkaata uumama isaanii beekuu qaba. Hiikafi miidhagina jechoonni haala adda addaa keessatti galuun kennuu danda'an beekuun irraa eeggama.*

Yaada barreessa kanaa irraa kan hubatamu, namni ogbarruu barreessu tokko ijaarsa barreeffamaaa caalaa haala kamiin yoon barreesse dubbistoota biratti barruun sun fudhatama akka qabuufi jechoota akkamii yoo kalaqa sana kalaqe ergaa dabarsuu barbaade sana akka dabarsu beekuu qaba.

#### 2.1.1.1. Fayyadama Jechootaa

Jechi kutaa caasaa afaanii keessaa tokko ta'ee, qindoomina sagalee irraa kan uummamuufi hiika sirrii qabuudha. Yaaduma kana ilaalchisuun Beekan, (2015:240) irratti, "jechi qindaa'ina sagalee ta'ee, kan hiika guutuu qabuudha. Jechi mallattoolee sagaleedubbiitin seeraa barreeffama afaanii eegee akkaataa hiika qabaachuu danda'uun walfaana bu'ee kan ijaaramuudha." Yaaduma kana sirritti cimsuuf, Addunyaa,(2018:35) "Jechi qindeeffama dhaamsagootaa, birsagootaafi dhaamjechootaa kan unkaalee hiika tokkoofi isaa ol qabaniin dhiyaatuufi ofdanda'ee dhaabbatudha. Gama biraatin jechi bakka bu'aa muuxannoo hawaasa tokkooti. Muuxannoon hawaasa tokkoo immoo baayina hawaasichaa, amala isaa, dagaagina aadaafi diinagdee isaa, hawwii isaa, siyaasafii kkf bu'uureffata".

Akka yaada kanarraa hubannutti, jechi qindaa'ina sagalee irraa kan uumamu, kan hiika tokkofi isaa ol qabaachuu danda'u ta'ee, hawaasa tokko keessatti bakka bu'aa waan tokkoo kan ta'e ta'uu isaati. Kanaafuu jechoonni sun hiikan daneessa waan ta'aniif dhimmoota tokkoofi isaa ol ibsuu danda'u waan ta'eef, ogbarruu keessatti jechoonni akkasi bu'aa qabaachuu isaati.

Kanaafuu ogbarruu keessatti miidhagina jechuun kuufama jechootaa miti. Kana jechuun barreessan ogbarruu tokko hojii uumee isaa yoo kalaqu jechoota kuusurra jechoonni sun irra

keessaafi ifatti ykn immoo ergifates ta'ee duudhaa hawaasa osoo hin cabsin ergaa cimaafi yaadota gabbataa akka qabaatuf fayyadama afaanii keessaa jechoonni fayyadamu bakka guddaa qaba. Asoosama keessattis, jechoonni bifa adda addaa ni argamu.

**2.1.1.1.1. Jechoota Ergisaa**

Ergifannaan amala afaanii keessaa isa tokkodha. Afaan tokko afaan biroorraa ergifachuu danda'a. Akka waliigalaatti afaanoonni addunyaa haa xiqqaatu malee kan hin ergifanne hin jiru. Gama Afaan Oromoo ilaalchisee, wiirtuu jiildii5ffaa irratti akka ibsametti

Haala liiqaa (ergifannaa) afaan Oromoo yoo ilaallu sirnoota darban keessatti olaantummaan afaan Amaaraabiyyattii kana keessatti qabaataa turerraa kan ka'e afaan Oromoo afaan kanarraa waa hedduu ergifatee argama haa ta'u malee afaanota biro kan akka afaan Ingilizii, Faransaayii, Xaaliyaaniifi akkasumas, afaan Arabaarraa liqeeffachuu hin oolle. (Jamsgeen, 1992:45)

Waraabbii kanarraa kan hubatamu, afaan Amaaraa sababa olaantummaa biyyattii keessatti qabaachaa tureerra afaan Oromoo irra leeqeffatera. Haa ta'u malee, afaan Amaaraas kan afaan Oromoo irraa liqeeffate  ni qabaata. Kana malees saayinsiifi teekinoolojjii yoo baldhatefi afaan sun afaan barnootaa yoo hin taan ergifachuu dirqama . barreessanis, dhimmoota kan ilaalcha keessa galchuun yoo barreesse hojiin isaa miidhagamummaafi fudhatamummaa argata.

**2.1.1.1.2 Jechoota Faallaa**

Jechoonni faallaa jechoota yaada faallaa waliif qabaniidha. "jechoota faallaa kanneen jennu jechoota walitti dhufeenya jechootan walmorkatan lama gidduu jiruudha. (Addunyaa, 2014:112) yaada barreessaa kanaarraa kan hubannu, jechoonni faallaan jechoota hiika ykn yaada faallaa waliif qaban ta'anii karaa adda addaan warra argamaniidha. Innis, jechoota faallaa keessatti jechoonni siyaasaa, duudhaa, hawaasummaafi kkf argamuu danda'u. kun  immoo yeroo baayyee barreessan ogbarruu jechoota kana bifa dhoksaa ta'een yeroo itti fayyadamutu mul'ata.

**2.1.1.1.3. Jechoota Walfakkii**

Jechoonni akkuma haala galuumsaa isaniitiin iddoo jechi tokko bu'u jechi biraa bu'uun hiika walfakkaataa kennuu danda'u. jechoonni kunis, unkaan walfakkaachuu baatanillee hiikan kan walfakkaataniidha. Barreeffamoota ogbarruu tokko tokkoo keessattis, jechoonni akkanaa kunnin walitti aanuun hammattuu keessatti ykn sarara habalakaa kanneen barreeffamanii argamaniidha.

Barreessan yaada akkanaan kan barreessuf caalatti jechicha ykn waan jechuu barbaade ibsuu irraa kan hafe ergaa biraa dabarsuufi miti.

#### 2.1.1.1.4. Jechoota Loogaa

Dacheen Oromiyaa akkuma uummama isheen baldhoo taatee, loogaanis akkasuma gabbattuudha. Kanummarra ka'un O'grady (1996) akka jedhutti, "Loogni garaagarummaa gareewwan hawaasaa gidduutti uummamu ta'ee, addaa addummaa haala dubbii, sagaleessuu, jechootaafi kkf akka ta'e ibsa. Jechoonni loogaa ogbarruu tokko keessaatti yoo baay'atan dubbistoonni looga sana hin bekne ergicha hubachuuf baayyee rakkatu. Sababni isaas, jechoonni naannoo tokkoti ergaa biraa dabarsu naannoo biraatti immoo arrabsoo ykn kan duudhaa hawaasa sana tuqu ta'ee arga. Kanaafuu barreessan rakkoo kana furuufi dubbistoota isaaf yaadicha ifa gochuuf, jecha waltawaa ykn immoo jecha  biraan cuftuu keessatti ibsuu qaba.

#### 2.1.1.2 Sadoommii

Sadoommiin ibsitootaa sammuuu dubbisaa /dhaggeeffataa fakkii uumuu danda'aniin kan ifa tahuudha. Sadoommiin ogbarruu tokkoof hiika gabbataa kennuun fudhattootaaf dhimmoota ofkeessaa qaban salphaatti ifa gochuuf tajaajila. Akka Jaarraafi Wasaneen (2008:142) yaaduma kana deeggaruun ibsanitti "Malootni dubbii qindeeffama haala qarooma qabuun ijaarrame kan miira nama qindeeffamicha dhaggeeffatu yookiin dubbisuu kan qirqirsuu danda'u." jedhu. Kana jechuun, sadoommiin sammuufi miira namaa kakaasuu yookiin dammaqasuu keessatti gahee olaanaa akka qabu yaadoota kanarraa hubanna.

Sadoommiin karaa ittiin waan guddaa xiqqeessan, xiqqaa ittiin guddisaan, bineensa  namaan walbira qaban,waldorgomsiisanfi walfakkeessanidha.

> *Afaan ogabarruu keessaa inni hunda duursu dubbii qolaati. Yeroo baayyee barreessaan jechootni hiika dhanquu akka qabaataan gochuun ogbarruu kalaqa. Jechoota kana duubas hiika dhokaataa ruuquun hubannoo dubbistootaa hawwata. Xiyyeeffannoodhanis hiika jechoonni kallattii qaban irraa maqee yeroo fayyadu dubbii qaloon ibsame. (*Fedhasaa,2017:158)

Yaada barreessaa kanaarraa kan hubannuu jechoota dhoksuu barabaade sadoommiin ibsee kan mul'isuudha. Kun immoo jecha tokko kallattiin akkas jechuurraa dhimma biraan walqabsiisee yookiin dhimma tokko dhimma biraa keessa galchuun alkallattii ibsuun sadoommiitti akka

dhimma bahudha. Biraahaanuu (2013:104) yaaduma kana deeggarruun “Sadoommiin hiika sirrii wanta sanaa osoo hintaanee waan tokko waan biraan walbira qabsiisee kan ibsuudha.”jedha. Kanaafuu, akka walii galaattii sadoommiin barreeffama tokko keessatti ergaan haala miira namaa keessatti fakkii uumee, miidhaksee, salphaatti akka hindagatamneefi yeroo dheeraaf dhimma sana sammuutti akka qabannuu kan gargaaruudha. Dabalataanis, haala jirruufi jireenya hawaasaa tokkoo keessatti namoonni waan haasa’aaniifi raawwataan sadoommiitti yoo dhimma bahaan waldhabdee hin barbaachisnerraa walaba tahuun akka walwajjiin jiraatinaaif sadoommiin iddoo guddaa qaba.

#### 2.1.1.3. Akaakuuwwan Sadoommii

Hayyoonni adda addaa akkuma xiyyeeffannoofi beekkumsa isaaniitti sadoommii akaakuuu addaa addaatti qooduun ibsu. Akka Addunyyaan (2016:208) jedhutti, Akaakuuwwan sadoommii ibseera. Akkasumas, Biraahaanuu (2013:104) irratti Akaakuuwwan sadoommii muraasa ibseera.

##### 2.1.1.3.1. Akkasaa

Akkasaan akaakuu sadoommii keessaa tokko tahee, wantoota adda addaa lama kan waldorgomsiisuun ibsuudha. Kun immoo wantoota amalaan yookiin uummamaan walhinfakkaannee gdduutti kan taasifamuudha.

> *Akkasaan dhiimmota, yaadoota, amala, taateewwan lama walbira qabuun ykn waldorgosiisuun kan geggeeffamuudha. Wantootn waliin dorgomsiifaman lamaan waan garaagaraarraa kan dhufaniifi irra caalaatti wantoota amalaan walhinfakkaanne tahaniiyyuu garuu, amalli saan ittiin walfakkeeffaman ni jiraata*. (Zarihuun, 2014:107)

Yaada kanarraa kan hubannuu akkasaan sadoommii wantoota uummaan garaagarummaa qaban garuu, waan tokkoon kan walfakkaataan walbira qabee ibsuu kan nu dandeessisudha. Biraahaanuu (2013:23) “Akkasaan wantoota lama hariiroo fagoo qaban amala isaan walfakkeessu murtaa’oo irratti waldorgamsiifama. Walfakkeenyya isaanii kanas, jechoota akka, fakkaata, caala, hamma jedhuun fayyadaman.” Jedha. Kanaafuu, akkasaan haala salphaan jechoota kanatti dhimma bahuun baruun nidanda’ama. Dabalataanis, jechoonn kun caalatti gosa sadoommii kaan irraa addaa baasuuf nitajaajilu.

#### 2.1.1.3.2. Bakkasaa

Bakkasaa akaakuu sadoommii keessaa amala, bifa, haalaafi wkf qaama tookkoorraa fuudhanii qaama biraaf dabarsuu ykn kan qaama tokkoo waa biraan bakka buusee qaama sana taasisuudha. Kana jechuun akka akkasaa salphaatti kan baramuu miti. Yaaduma kana ilaalchisee Addunyaan (2016:209-210) :

> *Malli dubbii akkasaa jedhu gaalee iddoo isaa jedhurraa ijaarramee waan tokko guutummaan guututti amala waan biraa gonfachiisuun dhiheessa. Gosti fayyadama afaanii kun karaa dhokataa taheen wantoota dorgomsiisa. Kan akkasaa irraa adda taasisuu kana. Tokkummaan inni akkasaa waliin qabu garuu, wantoota waldorgomsiisudha.*

yaada kanarraa kan hubannuu tokkummaafi garaagarummaan akkasaafi bakkasaa gidduutti kan mul'atu tahee, ofeeggannoofi gidifageenyaan ilaaluun xiinxaluu kan gaafatu bakkasaadha. Kanaafuu, bakkasaan yaada dhokataa ofkeessaa qaba.

#### 2.1.1.3.3. Nameessuu

Nameessuun akaakuu sadoommii wantoota nama hintaanee fi dubbachuu hin dandeenye amala namaa gonfachiisanii kan ittiin ergaa dabarfataniidha. Wantootin nama bakka buufaman kunniin akkumaa namaa yaaduu, dubbachuuu, faarsuu, boo'uu, gaammaduu, dorgomuun moo'uu ykn moo'achuu akka danda'anitti fakkeeffamee kan ibsamuudha. Isuma (2016:211) "Nameessuun akkuma maqaa isaa nameessaan lubbu maleeyyii ykn lubbu qabeeyyii biroo amala namaa gonfachiisudha. Haala kanaan akka namaatti beel'anii quufaa, deemanii alaa galan, ijaaraanii akka diiganidha. Kanaafuu, yaada kanarraa kan hubatamu wantootni lubbuu qabaniiis tahee hinqabne amala dhala namaa gonfachiisuu yaada jedhuudha.

#### 2.1.1.3.4.Arbeessuufi Busheessuu

Arbeessuun wanta tokko humna isaan ol guddissuu ykn olqabanii mul'isuudha. Busheessuun immoo, faallaa arabeessuu yoo tahu, wanta tokko gadi qabanii ibsuudha. Akka Biraahaanuun (2013:26) jedhutti "Arbeessuun mala waan tokko sababa dhimma tokkoof jecha olkaasanii himuuti. Barreessaan dhimma wanti sun dhugaan qaburraa olkaasee ykn guddisee kan barreessuudha". Kanarraa kan hubatamu arbeessuu ta'ee, busheessuun dhimmoota jiraan irraa ka'eeti malee, callifamee waan ibsamu miti. Kunnii immoo bareedina, fokkina, garraamummaa, furdina ykn qallina qaamaa, beekkumsaafi kkkf kan geggeeffamudha.

#### 2.1.1.3.5. Sobdhugaa /Eemiti

Sabdhugaan wantoota lama faallaa walii tahaan kan ittiin ibsamu tahee, irra keessaan yeroo ilaalan soba yoo haalaan xiinxalan garuu, kan dhugaa fakkaatuudha. Kun immoo,haala walfakkaataa keesatti yaadni lama waan jiruuf amanuuuf rakkisaa tahuu danda’a. Kana jechuun namni tokko ninyaata garuu, hinquufu ykn immoo niboo’a; nikolfas yoo jedhame yaadichi waldhahaa tahuu danda’a. Garuu, sobdhugaadha. Akka Jaarraafi Wasaneen (2008:145: yaaduma kana deeggarruun ibsanitti “Mitiheen dhaamsi jechaa ykn himaa irra keessan soba fakkaatee dhugaa tahuu jechuudha; ykn jechoonnifi himoonni walcinaa jiran irra keessaan walfaalleessu.” Kanaafuu, sobdhugaan ergaa dabarsuu barbaardee haala faallaa taheen kan ibsu tahee, soba fakkaatee yaada dhugaa dabarsuudha.

#### 2.1.1.3.6.Agiboo/Habalaka

Agiboon akaakuu sadoommii keessaa tokko tahee, ergaa faallaa kan dabrsudha. Yaaduma kana ilaalchisee, akka Zarihuun ibsutti:

> *Agiboon yaadota faallaa walii tahaan lama isaa ilaalanii hubachuun kan danda’amuufi yaadni biroo immoo gosa sadoommii gochaa namaa karaa faallaan ilaalufi haala namni sunhineegneen kan tahuudha. Dabalataanis, gosti sadoommii kun yeroo baayyee kolfaangaddaa, aariingammachuu, gorsaan arrabsoo, dadhabinaan ciminafiwkf yaadota waliif faallaa tahaniin ibsuudha*. (Zarihuun,2014:123)

Kanaafuu, agiboon yaada karaa faallaa taheen himamuufi karaa faallaa hubatamudha.

#### 2.1.1.3.7 Fakkoommii/Mallattoo

Mallattoon kan wanti tokko dhimma biraan ykn yaada biraan bakka bu’ee fakkeeffamuudha. Mallattoon yaada, dhimma, haalluu, haalafi wkf waan tokkoon baakka buusuun yookiin amala, bifaafi hiikaa buhaa sanaa gonfachiisuun kan kaa’uudha. Jaarraafi Wasaneen(2008:145) “Mallattoon wanti tokkoo waaan biraatiin bakkaa buusudhaan. Akka mallattoootti fayyadamnudha. Wanti tokko hiika waan biraaf si’a dubbatamudha” jedhu. Kana jechuun haala adda addaa keessaatti dhimmoonni ibsaman bifa saan ittiin ibsamaniin kan itti mallatteeffamu ykn fakkeeffamudha.

### *2.1.1.4. Mammaaksa*

Mammaksi gooroo afoolaa keessa tokko ta’ee, ilaalchaafi muuxannoo hawaasa tokkoo kan mul’isuudha. Akka Fedhasaan (2017:79) “Mammaaksi mala ittiin yaada bal’aa ykn dubbii

dheeraa tokko hima gabaabaan kurfeessanii kaa'aniidha. Kana malees, mammaaksa bakkaafi yeroo qusachuuf, akkasumas, dubbiin haala hin dagatamneen akka darbufidha". Kanaafuu, mammaksi bifa gabaaban ergaa dabarfuf yeroo dheeraa sammuu namaa keessatti kan argamudha.

### 2.1.2. Maalummaa Ogbarruu

Hiikni ogbarruuf kennamu yeroofi hayyootatti garagarrummaa haa qabattuyyuu malee hojii kalaqaa keessa kan isa baasuu miti. Kun immoo bal'achuufi barreessitoota bareessitoottatti garaa rarummaa qabaachuu kan agarsiissudha.

Ogbarruun taatee dhugaa hawaasaa keessatti mul'atu fakkeessuufi akkeessun kan barreeffamuudha.Akka Birhaanuun, (2013:9) "The word literature refers to works that present an imaginative creation of reality through an artistic use of language". Jechi ogbarruu jedhu hojii kalaqaa taatee dhugaa hawaasa keessatti mul'atu kalaqa aartiifi fayyadama afaanitiin kan kaa'amuudha. Kanarraa kan hubannuu ogbarruun, kan bu'ureeffatu taatee dhugaa ta'uuyyuu, garagarcha dhugaa hawaasaa osoo hin taane fakkeessuu ykn akkeessudhaan afaan fayyadamnee kan kalaqamu ta'uu isaati.

Yaaduma kana ilaalchisee:

> *Ogbarruun kalaqa sammuu dhala namaa barreeffamaan jiru hunda hammata. Garuu ogbarruun waan barreeffamee jiru hunda osoo hin taane, waan kalaqa Sammuu dabalatu qofa. Innis,ulaagaa ittiin kaan irraa adda ta'u qaba.Jalqabu- Marratti bifa miidhagina qabuun sammuu namaa hawwachuu akka danda'utti Mijeeffamee kalama ta'uus garuu, barreeffamoonni miidhagina qaban hundi ogbarruu ta'u jechuu miti.* (Fedhasaa,2017:95)

Yaada kanarraa kan hubannu ogbarruun hojii ogummaadhan faayame ta'ee, jiruufi jireenya hawaasaa giddugaleessa godhatee kan barreeffamuudha. Dabalataanis hojii kalaqaa ta'uu isaa kan ittiin beekkamu filannoo jechootaafi bifa miidhagina qabuun kan barreeffamuudha. Barreeffamoonni hundis ogbarruu ta'uu akka hin dandeenye yaada barreessaa kanaarraa kan hubannuudha.

Kanaafuu akka waliigalaatti ogbarruun hojii kalaqa namoota ciccimoo ta'ee, Jireenya hawaasummaa keessatti kan nama muudatu gaddiifi gammachuu, badiifi badhaadhinaafi kkf kan ittiin agarsiifamaniidha. Ogbarruun ilmi namaa dhugaa kan ittiin argu qofa osoo hin

taane dhugaa argee kan ittiin too'atuudha. Kanaafuu ogfbarruun daawwitii hawaasni keessatti of ilaalee jiruuf jireenya isaa ittiin miujeeffatuudha.

Hayyoonni goorowwn ogbarruu haala garaagaraatin qoodu. Isaan keessaa Birhaanuu, (2013:21**)** " Written literature exist in three major form. These are fiction, poetry and drama". ogbarruun barreeffamaa gooroowwan gurguddoo sadi of keessaa qaba. Isaanis:- asoosama, walaloofi diraamaadha.

### 2.1.2.1 Maalummaa Asoosamaa

Asoosamni gooroo ogbarruu keessaa tokko ta'ee, hojii kalaqaa taatee hawaasa keesssatti qabatamaan mul'atan fakkaattota addunyaa kalaqaa keessatti kalaqeessa kan hawaasa ittiin barsiisu, gorsuufi kakaasu gochuu dandeenya. Kanaafuu, Asoosamni haala jiruuf jireenya nama dhuunfaafi hawaasaa bifa wal makaa ta'een Kan ibsu ykn calaqqisiisuudha. Kun immoo filannoo jechootan lubbuu itti horuun, Haala mul'achuu danda'uun, amala hawaasummaa kan qabu suura /fakkii hawaasni  keessatti of ilaaluudha.

Yaada kana irraa kan hubannu asoosamni haala hawaasa tokkoo kan mul'isuudha.kana yeroo jennu, asoosamni  kalaqa filannoo jechootan faayame ta'ee garee hawaasaafi jireenya nama dhuunfaa kan keessatti mul'atu daawwitii hawaasati. Dabalataanis, asoosamni hojii namoota sammuu ciccimoon kan  kalaqamu  ibsituu seenaa, eenyummaa, duudhaa, safuu, muuxxannoo, muudannoofi kkf kan ittiin mul'atu, barsiifamuufi hubatamuudha.  Kanaafuu, asoosamni calaqqee eenyummaa hawaasa tokkooti jechuu dandeenyadha. Akka Birhaanuun (2013:29) jedhetti "Fiction refers to any narrative literature created from the authors imagination rather than from fact" jedha. Akka yaada barreessaa kanaa irraa hubannutti asoosamni seeneffama kalaqaa barreessaan sammuu/yaada isaa kalaqe malee ykn dhugaa hawaasa keessa jiru ka'umsa godhannee kan barreeffamu malee waan qabatamaan argamu miti. Innis namoota addunyaa dhugaaa keessa jiruun osoo hin taane namoota addunyaa kalaqaatiin ta'a. asoosamni k unis caacculee bu'aaraa kan akka jargocha ykn subseenaa, namfakkii, yoomessa, waldiddaa,ergaa, ija seenessaa kan of keessaa qabuudha.

#### 2.1.2.1.1 Waldiddaa/waldhabbii

Waldiddaan waldhabbii fakkaattota giddutti asoosama keessatti mul'atuudha. Kun immoo waan dhalli namaa addunyaa dhugaa irratti argachuuf waldhabaniin walfakkaata."Addunyaa asoosamaa keessatti asoosessaan walitti bu'iinsa uumudhan waldorgommii addunyaa dhugarratti

ta'u calaqqisiisa. Kaayyoon asoosamaa inni guddaan jiruuf jireenya keenya keessatti rakkooleen adda addaa akka nu hin muudanne nu barsiisudha" (Jaarraafi Wasanee, 2008:140). Kanaafuu waldiddaan fakkaattotaan asoosama keessatti mul'atu waldiddaa hawaasaa irraa barressaan waraaba yaada jedhu qaba.

**Gosoota Waldhabbii**

Wal-dhabbiin asoosama tokko keessatti argamu bakka gurguddoo lamatti qooddama. Isaaniis:

- Wal-dhabbii keessaafi
- Wal-dhabbii alaa jedhamuun beekkamu

**A.Waldhabbii Keessaa**

Waldhabbiin keessaa namaafi fakkiileen tokko yeroo sammuu isaa waliin yeroo waldhabu ykn walitti bu'u kan uummamuudha. Kunis yeroo namfakkii tokko kaayyoo isaa fixaan baafachuuf yeroo qabsaa'u qalbii ofii bakka lammatti qooddamuudhaan walmormii kaasuudha. Mormiin isaa kunis wantoota sammuu isaa dhiphisan kaayyoofi fedhiisaa irraa kan madduudha. Yeroo kana gara itti goonu dhabee sammuu isaa waliin yeroo itti waldhabuudha.

**B.Waldhabbii Alaa**

waldhabbiin alaa gosa waldhabbii keessaa tokko kan ta'eedha. Waldhabbii alaa jechuun kan ijaan argamuudhaan namfakkiileen waldhabbaniidha. Waldhabbiin alaa kan namfakkiileen tokko namaafi haala naannoo isaa wajjiin waldhabuudha. Akkasumas, waldhabbiin uummamuu sunis sammuu ofii waliin osoo hintaane namfakkii ykn wantoota biroo yeroo walitti bu'iinsi uummamuudha. Walumaagalatti, waldhabbiin alaa namfakkiilee tokkoofi masaanota isaa gidduutti kan uummamuudha.

**B.1 Gosoota Waldhabbii Alaa**

Waldhabbiin alaa asoosama tokko keessatti argamu bakka gurguddoo(4)tti qooddamuun kan beekkamuudha. Isaanis:

- Waldhabbii namaafi hawaasaa
- Waldhabbii naaafi nama gidduu
- Waldhabbii namaafi uummamaa gidduu

❖ Waldhabbii namaafi teekinoolojjii gidduu jedhamuun kan beekkamuudha

**A)Waldhabbii Namaafi Nama Gidduu**

Waldhabbiin namaafi namaa gosa waldhabbii alaa keessaa isa beekkamoodha. Kunis walmormii qooddataa asoosamicha keessa jiru yeroo waldhabu kan mul'atuudha. Akkasumas, qooddataan asoosamicha keessaa inni tokko kaayyoo isaa galmaan ga'achuuf yeroo tattaafatu masaanonni9 isaa immoo isa gufachiisuuf yeroo tttaafatu gidduu kanatti waldhabbiin uummamu immoo waldgabbii namaafi namaa jedhamuun kan beekkamuudha. Yookiin waldhabbii namaafi nama jidduutti uummamu waldhabbii uummamu kun immoo waldhabbii namaa fi nama jedhamuun kan beekkamuudha.

**B) Waldhabbii Namaafi Hawaasa Gidduu**

Waldhabbii kana keessatti qooddataan waldhabbii kana geggeessu hawaasa tokko bakka bu'uudhan malee, akka qooddataa tokkootti miti. Yeroo kana mormiin qooddataafi hawaasa gidduutti uummama jechuudha. Namni tokko ykn gareen tokko duudhaa, aadaa, amantaafi kanneen kana fakkaatan haala jiruufi jireenya hawaasa tokkoo balaleeffachuu ykn fudhachuu dhiisaaniitiin hawaasa waliin waldhabbii taasisu. Waldhabbii namaafi hwaasa jedhamuun kan beekkamuudha. Akkasumas, waldhabbii namaafi hawaasa jidduu kan jedhamu qooddataan asoosama sanaafi hawaasni tokko yeroo walitti bu'an ykn yeroo yaada isaanii keessatti waldhaban akkasumas, yeroo yaadaan walitti bu'an ykn seenaa asoosamichaa keessatti qooddataafi hawaasni yeroo walitti bu'an waldhabbiin uummamu waldhabbii namaafi hawaasa jidduu jedhamuun beekkamu.

**C) Waldhabbii Namaafi Uummama Gidduu**

Yeroo tokko totkko qooddattootni asoosama keessaa yeroo isaan human isaan caaluun waldhabbii taasisan kan mul'atuudha. Fkf, Addunyaan taatee uummamaa too'atamtee jirti. Humni ishee hoogganuus bakka hundumaa jira. Ba'aan uummamaan dhufuus sanaan walqabatee jireena dhala namaa dagaagee balaan qilleensaa, balaan roobaa, gogiinsa, cabbiin, qirqirri lafaa, dhukkubbiifi wantootni kanneen kna fakkaatan kaayyoo dhala namaatti gufuu ta'uu danda'u. Namoonnis kan dandamachuf ba'anii ba'uu kunis isaan uumaafi uummama waldhabuu muul'isa. Asoosama keessatti immoowaldhabbiin akkasii uummamuu danda'a. fkf Masaanoonni guddachuu kaayyoo haayyuu duree jibbuu yoo ta'e, inni garuu tattaafatee akka guddatuufi

hojjachuu bu’ee ba’ee rakkina kana hojjachuun rakkina keessaa ba’uuf hojjata yoo ta’e masaanuun isaa immoo isatti inaafuun nuti maaliif akkasaa hintaanu jechuun uummama oisaaniitiin yeroo itti isaan waldhaban nijiraata. Kun immoo, waldhabbii namaafi uummama jidduu jedhamuun beekkamu.

Akkasumas, namni tokko yeroo rakkoon isa muudatu ykn isa quunnamu rakkoo muudate sanaaf uummama isaa waliin walitti bu’a. Fkn namni tokko osoo hojjatuu oo mhiyyoome maaliifan namaa gadi ta’e; maaliifan duroomuu dide? Yaa rabbi maaliif akkas nagoote jedhee uumaa isaa waliin walitti bu’a. kun immoo waldhabbii uummamaafi nama gidduu jedhamuun kan beekkamuudha. Walumaagalatti, namaafi uummama jidduu haala kanaan kan uummamuudha.

**D) Waldhabbii Namaafi Teekinooloojjii Gidduu**

Waldhabbiin namaafi teekkinooloojjii gidduu kan uummamu yeroo tokko tokko qooddataan asoosamichaa keessa yeroo isaa wantoota teeklnoolojjiidhaan ykn ogummaa harka namaatiin uummame wajjiin yeroo waldhaban kan argamuudha. Fknf yeroo yoo ilaallu qooddataan asoosama keessaa kan kaleeta waliinwalitti bu’ee miidhamuun waldhabuu waliin waldhabbiin kun waldhabbii namaafi teekinooloojjii jedhama. Akkasumas, osoo meeshaaleedhaan hojii hojjatuu yoo rukkutame waldhabbii namaafi teekinooloojjii njedhamuun beekkemuudha.

## 2.2 Sakkatta’a Barruu Walfakkii

mata duree kana jalatti qorannoowwan kanaan kan walfakkaatan bakka itti sakkatta’aman ta’ee, tokkummaafi garaagarummaa qorannoowwanii, hanqina qorannoo sakkatta’ameefi qorannoon kun immoo rakkicha haala itti fureefi k.kf bakka itti ilaallamuudha.

Qorannoo kanaan kan walfakkatu, qorannoo Jaalalli Hayiluu mata duree “XIINXALA ITTI FAYYADAMA AFAANII ASOOSAMA YAADANII KEESSATTI” bara 2002, kallattiin xiyyeeffannoo ishee gama seerlugaa dhaamsagoota, karaa firoommii sagalee,jechoota irkatoo, jechoota kottonfachiisuu irrati baay’inaan kan fuulleffateedha.

Qorannoon biraa, Abbabuu Tarrafaa mata duree “ XIINXALA ITTI FAYYADAMA AFAANII ASOOSAMA YABOO YEELLOFTE” bara 2011, kallattiin xiyyeeffannoo qorannoo kanaa, dhamjecha ,jechoota, malleen dubbiifi mammaksa irrattidha.

**Garaagarummaa qorannoo kanaafi kanneen sakatta'amanii**

- Qorannoon kun gama seerlugaa osoo hin taane, akaakuuwwan jechootaa keessaa jechoota ergisaa, loogaa, ergifannaa, jechoota walfakkiifi irratti xiyyeeffata.
- Akkasumas, fayyadama afaanii qofa osoo hin taane, waldhabbii asoosama "Gumaa Galaatees ni hammata
- Barrifi asoosamni qorannof dhiyaate gargari

# Boqonnaa Sadii: Malleewwaan Qorannoo

## 3.1 Saxaxa Qorannichaa

Qorannoon kun kaayyoo irratti hundaa’e qorannoo bu’uurati. Sababni isaas kaayyoo qorannoo kanaa yaaxina waa’ee fayyadama afaaniifi waldhabbii asoosamaa irra dhaabachuun qorattuun fayyadama afaaniifi waldhabbii asoosama ‘Gumaa Galaatee’ kan qaaccessituudha.Haaluma kanaan yaadrimee asoosamaa, caacculee asoosamaa, fayyadama afaaniifi waldhabbiiwwan asoosamicha keessatti argama  kan ibsamu waan ta’eef qorattuun qorannoo bu’uurati jechuu dandeesse.Mala /haala dhiyeenyaan immoo qorannoon kun qorannoo mala ibsituun kan dhiyaatedha. Sababni isaas qorattuun malli ittin ragaa dhiyeessitu mala ibsituun fayyadama afaanii,gosoota waldhabbiifi waldhaabbii asoosamicha keessatti argamanii fwkf mala ibsituun waan qaaccessituuf ykn xiinxaltuuf  mala ibsituu ta’e. Malli xiinxala ragaalee qorannoo kanaa, xiinxaala yaadrimee/akkamtaadha. Sababni isaas waa’ee fayyadama afaaniifi akaakuuwwan waldshabbii dhimmoonni qorannoo kanaan walqabatan hundi lakkofsaan osoo hni taane yaadani waan ta’eef akkamtaa/yaadrimee ta’e.

## 3.2 Mala Iddatteessuu

Iddattoon  bu’uura qorannooti.  Malli iddattoo qorattuun fayyadamtes, mala iddattoo akkaayyoo ykn fuuleffannooti.  Sababni isaas, qorattuun kitaaba asoosama dheeraa “Gumaa Galaatee” jedhu irratti haalaan dubbistee waan hubatteef fuulleffanna qorannoo ishee ergaa isaa qaaccessuf kan filatedha.

## 3.3Madda Ragaalee Qorannichaa

Qorattuun madda ragaalee qorannichaa gaggeessuuf itti fayyadamte asoosama dheeraa Afaan Oromoo ‘Gumaa Galaatee’ asoosamni Kunis madda raga tokkoffaadha. Dabalataanis kitaabileefi qorannoowwan waa’ee fayyadama afaaniifi waldhabbii asoosamoota Afaan Oromoo kaasan yoo ta’u, kunis kitaabilee Afaan Oromoon ala kitaabilee Afaan Ingiliffaafi Afaan Amaarriffaaaatti dhimma ba’uun  ni qoratti. Kanaafuu, qorattuun fayyadama afaaniifi waldhabbii asoosamicha keessatti argaman, ga’ee fayyadamni afaanii waldhabbii ibsuu keessatti qabu kan ibsituudha.

## 3.4 Meeshaa  funaansa Ragaalee

Qorattuun qorannoo kana gaggeessuufi argannoo irra ga’uuf meeshaan funaansa ragaa sakatta’a sanadaatti kitaabileefi asoosama dheera “Gumaa Galaatee” jedhuti. Innis, fayyadama afaani, waldhabbiifi gosoota waldhabbii, gumaacha fayyadama afaanii waldhabbiif qaaccessuf

sakkatta’a sanadaa geggeessiteetti. Kun immoo adeemsawwan adda addaa keessa darbuu ragaan kan funaanamedha. Dursa asoosamni “Gumaa Glaate” jedhu yeroo baay’eef dubbifameera. Adeemsuma kana keessa fayyadamni afaanii ilaalamera.waldhabbiifi gosoonni waldhabbii adda ba’uun xiinxalamera. Tumsi fayyadama afaanii waldhabbiif taasise ibsamera. Kanaafuu, akka waligalaatti, ragaaleen kitaabicha keessaa kan funaanamaniifi malli isaas sakkatta’a sanadaan ta’uu isaati.

### 3.5 Tooftaa Xiinxala Ragaalee

Qorannoon tokko yeroo adeemsifamu tooftaa xiinxala ragaa niqaba. Tooftaaleen kunis mala akkamtaa(yaadrimee)fi mala ammamtaa(lakkoofsa)ti. Tooftaa xiinxala ragaalee jechuun, ragaalee funaannaman sanarratti hundaa’uun kan argannoon qorannoo itti mirkanaa’udha..Tooftaan xiinxaala ragaalee qorannoo kanaaf barbaachisa ta’e xiinxaala yaadrimee/akkamtaadha. Qorannoo “Xiinxala fayyadama afaaniifi waldhabbii Asoosama Dheeraa Gumaa Galaatee” jedhuu yaadrimeen ykn jechootan kan xiinxalamaniidha. Sababni isaas xiinxalli qorannoo kanaa lakkoofsan osoo hin taane yaadrimeedha.Kanaaf maalumman fayyadama afaanii asoosamaa, keessatti, waldhanniifi wkf kan ittin xiinxaltu akkamtaan ta’a.

# Boqonnaa Afur: Qaaccessaafi dhiyeessa Ragaalee

### 4.1 Ibsa GabaabaaWaa'ee Kitaabichaa

Asoosamni 'Gumaa Galaatee' Tokkicha Fayyisaan bara 2013 akka lakkofsa awurooppatti kan maxxanfameedha. Asoosamni kunis, kutaa 15ffaafi fuula 121 kan qabuudha

### 4.2 Subseena Asoosama 'Gumaa Galaatee'

Obbo Guutuu Arii magaala Amboo kan jiraataniifi ijoollee dhiiraa afur qabu. Isaanis: Abdiisaa, Baallamii, Goobanaafi Eebbisaa, intala durbaa immoo Gaaddisee jedhamtu qabu. Ijoolleen kun bara mootummaa Dargii waan dhalataniif Goobanaa malee warri kaan loltuu mootummaa dargiii erga turanii booda Eebbisan lola keessatti lubbuun isaa darbe. Baallamiin immoo biyya Ameerikaa jiraata.Abdiisaafi Gobanaan immoo qe'ee abbaa isaanii jiru. Goobanaan haadha mana Siccaalee Mootii intala jedhamtu waliin bultii erga horatanii booda intala Jaalannee jedhamtu godhatan. Haati jaalannes yeroo jaalanneen waggaa tokkoo akka tasaa balaa konkolaatan lubbuun ishee darbe. Obbo Goobanaanis karaa irratti nama hin beekamneen galaafatame. Intalli isaanii Jaalanneen immoo obbo Abdiisaa biratti guddattee, mana barumsaa galte.

Guyyaa tokko Jaalanneen sababa laguun ishee itti dhufee barattoonni itti wacanii mana rifeensa Naatanaan itti hojjetutti jala baqatte. Naatananis nama gaarii waan ta'eef kunuunsa barbaachisu qodheefi gaggeesse. Ergasii Jaalanneefi Naatanan giddutti jaalalli cimaa dhufe. Haa ta'u malee, Baacaan Jaalanne waan barbaadef, obboleettii isaa Jiituu itti erguun Naatanan dhiistee akka Baacaa jaalattuuf karaan isaan hin barbaadin hin jiru ture. Jaalala isaanii osoo waliin kunuunfachaa jirani, guyyaa tokko Naatanan ajjeeffame dhaga'ame. Jaalanneenis bochee maraatte; ummanni magaala Amboos, kichuu isaanii dhabaniif mankaraaranii gumaa isaa rabbi tokkichaaf dhiisanii awaalan. Jaalannenis jaalala hiriyaa ishee ijoollummaa kan seenaa walfakkata qaban Naatananif gumaa isaaf rabbiin kadhachaa bo'aas jiraachuu jalqabde.

Boodas Baacaatti dhiyaachuun Jaalannee, hiriyaa ishee ganamaas Baacatti waan irraanfatte fakkatti. Amma Naatanan dagatamee, Baacaan immoo jaalatamera. Waliin bakka bashannana iddoon isaan hin ga'in yoo jiraate bakka hin beekne qofa nama jechisiisa.Waan isaa garuu namaaf hin galu Jaalanneen jaalalaf baacatti dhiyaachuu moo jibbaaf kan jedhu gaaffii namatti uuma.Waa'een du'a Naatananis poolisootaafi qaama dhimmi ilaallatuun qoratamaa jira.

Guyyaan sun Baacaafi Jaalanneef guyyaa addaati iddoo bashannanatti sammuu isaanii Jiituu dabalatee guyyaa keenya waan jedhan fakkaata. Bilbilli Baacaaf bilbilamae, sana booda Baacaan hiriyaa isaa Jaalannee fudhatee baduuf abba isaa jala qarshii 20,0000 fudhachuu Jaalannee ni baqanna jedheen isheenis dhimmicha shakkii keessa galchuu gara laga Gudaritti qajeelanii hoteela tokko buluuf mana siree qabatanii waan isaa garuu namaaf hin galu. Jaalanneenis hin rafna jettee erga Baacaan irriba isaa eegale albee fudhachuun garaa Baacatti dhooftee gumaan hiriyaa ishee gumaa galaatee taasiste. Yeroo sanas qaamni ishee naasuun of wallallulle fuutee reeffa isaa lagaa Gudar jireenya baacaa taasiste. Yeroos hiriyaa kiyya Naataanan ajjeeste hiriyaa na godhachuu barbaadde maaltu beeka abba kiyyas si ykn fakkattota keetu nyaate ta’a jettee itti geeraruun gara magaala Ambootti qajeelte. Sana booda qorannoo poolisoonni magaala Amboo taasisaniin kan Naataanaan ajjesse Baacaa ta’uu dhugaan ba’e. haalli du’a isaas Jiituun obboleettiin Baacaa osoo Naataan waliin haasa’uu, Baacaafi hiriyaan isaa obboleetti teenyaan maal jetta jedhanii akka ajjeesan Jaalanneen dhageesse. Yakkamtootattis murtiin kenname. Haalicha ilaaluun Jaalanneen baayyee yaadichi ishee dhibus gumaa hiriyaa ishee baasutti gammadde.

### 4.3 Xiinxala Fayyadama Afaanii Asoosama ‘Gumaa Galaatee’

Ogbarruu barreeffamaa keessatti, akkaataa barreessan afaanitti fayyadamee fayyadama afaanii jedhama. Kun immoo tooftaa barreessaan tokko, ergaa barruu isaa caalatti miidhaginaafi fudhatammummaa akka horatuuf, ogbarruu isaa afaaniin kuulee dhiyeessa. Kun immoo fayyadama jechootaa, sadoommii, mammaaksaafi kkf ta’uu danda’a.

#### 4.3.1. Fayyadama Jechootaa

Fayyadamni jechootaa asoosama keessatti bifa garaagaraan mul’ata. Innis, bifa idilee ykn alidileedha. Kun immoo baay’inaan jechoonni hojii kalaqaa keessatti argaman hiika dhanquu qabaatu. Kanaaf, fayyadama jechoota karaa hedduun ilaaluu ni danda’ama. Qorannoon kunis kallattiin fayyadama afaanii asoosama ‘Gumaa Galaatee’ irratti argamanidha. Fayyadama jechootaa barreessaan baayinaan dhimma itti ba’e, jechoota loogaa, jechoota hiika walfakkii, jechoota ergisaafi kkf bakka itti xiinxalamanidha.

#### 4.3.1.1 Fayyadama Jechoota Ergisaa

Jechooni ergisaa jechoota afaan biro irraa liqeeffatamanidha. Afaan irraa liqeeffame keessattis ta’ee kan liqeeffate keessatti tajaajila kennu. Kun immoo gama diinagdee, siyaasa, amantii, hawaasummaafi kkf keessatti tajaajilu. Kunis kan ta’uuf yoo afaanicha keessa waan jecha sana bakka buusan dabaniidha. Haa ta’u malee barreessan kaayyoo isaa galmaaa ga’uuf liqeeffachuurra darbee, ofiillee waan aadaa barruu sanaan walfakkatu jecha uumuun ergaa isaa dabarfachuu danda’a. garuu, jechi sun afaan ittiin barreeffamu sana keessayyuu osoo jiru barreessan kan ergifatu yoo ta’e afaan sanaaf guddina isaa irratti dhiibbaa qaba. Dabalataanis, barreessan dubbistoota biratti gatii guddaa dhabuu danda’a.

**Jechoota Barreessan asoosama ‘Gumaa Galatee’ Ergifate**

..Firii **Maangoo** ji’a arfaasaa…..(keeyyata1, fuula 17)

..Afaan ishee**Xuuxxoodhuma…** (k1:17)

…Kun barsiisaa **Fiiziksii,** kun immoo barsiisaa **Baayolooji**i….(k2:17)

..**Professor Goba**….( k2:21)

…bishaan **liitira** tokko…(k1:25)

..Daandii **Asfaaltii** guddicha……..(k2:41)

…seeraT**iraafi**ka eeguun (k3:41)

…konkolaataa **Ambuulaansi**i fuudhanii **Hospitaala…**(k2:45)

…konkolaataa **Awutob**isa….(k1:49)

… gaafa **Period**’n……(k1:61)

..funyaan **boombii…**(k1:77)

…. ilaaltee**Koosmootiksiit**u..(k2:77)

…fooli manaa urgeessuf **Doodiraantiifi Saandallii..)**k3:80)

….**Bataskaana kidaanamiretiitt**i..(k1:103)

…**baajaaja**….(k2:102)

Barreessan asoosama ‘Gumaa Galaatee’ jechoota armaan oliitti gurraacheffaman kana afaan adda addaa irraa ergifachuun kaayyoo isaatti milkaa’eera. Kun immoo jechoonni kun afaan Oromoon ala afaan biraa keessattis, tajaajila ni kenna. Kana males, duudhaa hawaasan kan walqabatan, kan barreessaan kalaqee barreese hin jiru. Kun immoo Mala ergisaatti dhimma akka ba’u taasiseera. Dabalataanis, barreessan jechoota biro afaan oromoofi ergisaan walbira qabaee ibsuun isaa caalatti guddina afaan Oromoof gumaachaa guddaa qabaata. Asoosama kana keessatti, hir’inni sababa bakka bu’aa dhabuu, yaadota kanaatiin mul’atu guutuun, jechoonni kun haala kanaan argamanii hiika qubaa kennaniru. Kunneen immoo cimina barreessati jechuu dandaeenya.

**4.3.1.2.Fayyadama Jechoota Loogaa**

Barreessaan asoosama ‘Gumaa Galaatee’ jechoota loogaa hiikni isaa rakkisaa ta’e heddus fayyadamuu baatu amma tokko dhimma itti ba’eera. Ta’uuyyuu, caalatti barreesichi afaan waltaawaan waan barreessef, ergaa isaa hubachuun rakkisaa hin ta’u. kun immoo irracaalaan afaan waaltawaan ta’us, muraasni jechoota loogaa isaa looga naannoo tokkoo qofa giddugala kan godhateedha. Ergaan isaa caalatti ifa ta’us, asoosamichi Oromoo maraaf waan barreeffamef ergaa isaa hankaakuu danda’a jechoota loogaa asoosamichas bifa kanaa gadiin qaacceffamera.

**Hojjaan** haa dheerattu malee,….(k2:16)

**Maddiin** ishee burtukaana ……(k1:17)

**….dhukkee…..(**k2:27)

…itti **tosha toshee**…(k3:39)

…gurra **qeensee**…(k3:45)

..namatti toluun **giinga’a**a..(k2:47)

..ishee **lafafaam**…..(k3:77)

Jechoonni armaan olitti gurracheffaman kun jechoota loogaa naannooo muraasa qofatti beekkamnidha.

| Jechoota asoosama keessaa ba'an | Looga naannoo biraatti ittiin beekaman |
|---|---|
| Hojjaa | Dhaabbata |
| Tosha | Mora |
| Maddii | Boqoo |
| Dhukkee | Awwaara |
| Giinga'aa | Cabaqaa |
| Lafafaam | Lallabaam |

**4.3.1.3. Fayyadama Jechoota walfakkii**

Jechoonni walfakkiin asoosama kana keessatti, jechoota caalatti hiika jecha sanaa ibsuuf gale yoo ta'u, akkasumas yaada isaa dubbisaaf ifa gochuudha. Kun immoo bifa hammattuutin ykn habalakan asoosamicha keessatti kan barreeffamedha

1. Laguu/xurii..(k2:17)
2. Mooraa/foonaa.(k2:18)
3. Wacuu/iyyuu…(k2:18)
4. Sigaaraa/tamboo..(k2:21)
5. Waraqaa qabsiisaa/yaadannoo.(k2:22)
6. Haaloo/ijaa..(k2:23)
7. Gulbaana /duubee(k2:26)
8. Machaa'ee/farshaa'ee(k3:30)
9. Dhiibbaa/sossoobbii..(k3:31)
10. Eegoo/quxusuu..(k1:32)
11. Hidhee/coqorsa..(k1:33)
12. Hamaatii/ haadha abba manaa..(k2:48)
13. Du'a ga'ii/warra du'aa..(kk1:49)
14. Randa/gaara..(k3:52)
15. Fuullee/daawwitii..(k3:62)
16. Gorroo/keenyaa..(2:65)
17. Fooyibaa/fakkaattii..(k1:69)

Barreessan jechoota walfakkii walcinaa qabuun, tokko yoo ifa ta'uu baate, kan itti aanu ifa godhee caalatti immoo haala mijeessera. Dabalataanis, jechoonni kun naannoo tokko qofatti kan beekkamu yoo ta'e, namni / dubbisaan biraas, jecha sanatti dhimma akka ba'u tajaajila waan ta'eef akka ciminaatti iaalamuu danda'a.

### 4.3.2 Fayyadama Mammaaksaa

Mammaaksi fayyadama afaanii keessaa tokko ta'ee, dhimma tokko haala gabaabaan himuufi hubachuu irratti bu'uureffata. Keessumattuu barreessan ogbarruu yeroo kalaqu mammaksan dabaalee yoo barreessu ergaan dubbisaaf haala salphaan ifa ta'a. kana malees, yeroo dheeraaf sammuu dubbisaa keessatti fakkii uumuun turuu danda'a. barreessan asoossama 'Gumaa Galaatees' ergaa isaa dubbisaa biraan ga'uuf mammaka muraaatti dhimma ba'eera.

1. Dhiigni diimateef dhiiga ta'aaree? (k3:75)
2. Hiyyeessafi gabaa walitti hin fidu(k4:77)
3. Fardi harree wajjin oolu dhiitichoo baratee gala(k5:79)
4. Nyaadhuu nyaadhuu gara fira keetti garagalii liqimsi(k3:91)

Barreessaan asoosama 'Gumaa Galaatee' asoosama isaa keessatti mammaaksa muraasa qofa fayyadamus, mammaaksichaan ergaa isaaf malu bukkee fayyadamuun ibsera.fkn " dhiigni diimateef dhiiga ta'aree" (75). Maatii wbarra baacaa obbo Shawaangizawu, haadha manaa isaa addee Iteenash, magaala Amboo keessatti dhimma hojiif dhufanii achi qubachuun, ijoollee isaanif maqaa Oromoo, Baacaa, Jiituufi Caalaa jedhanii moggasanis, barreessan dhala isaanif maqaa Oromoo baasanis keessi isaanii Oromoo hin ta'u yaada jedhu ibuuf mammaaka kana fayyadame. "hiyyessaafi gabaa walitti hin fidu" (77), as keessatti miidhagina Jaalannee, ishee jaalallee Naatanaan taate hiriyoonni isaa ceeba'uun, innifi Jaalanneen akka wal hin madaalle, inni qaana'aa ta'uu isaa ibsuuf mammaaksa kanatti dhimma ba'e. "Fardi harree wajjiin oolu dhiitichoo bare gala" (79) As keessatti hiriyoota Naatananitu harreetti fakkeeffamun, Naatanan immoo fardatti fakkeeffame. Kana jechuun, Naatanan dargaggeessa gaarii kan ture sababa gorsa hiriyoota isaan Jaalannee waliin walqunnamtii saala akka godhu murtessun hojiitis hike. "Nyaadhuu nyaadhuu gara fira keetti garagalii liqimsi" (91) mammaksi kun hiriyaa Jaalannee kan taate, Jiituuf kan jedhamedha. Sababni isaas, Jiituun , Jaalanneen akka Naatanaan jaalattu osoo beektuu obboleessa ofiif barbaaduun ishee mammaksa kanaan ibsame.

### 4.3.3 Fayyadama Sadoommii

Sadoommiin fayyadama afaanii keessaa tokko ta'ee, haala barreessan dhimma tokko tokko jala dhokse ykn waliin dorgomsiisee obsuudha. Keessumattuu haala sana keessatti maaltu waan bira jala akka dhofkamefi hawaasni haala kam keessatti akka fayyadaman caalatti ibsa. Barreessan asoosama 'Gumaa Galaatees' sadoommii maal faatti dhimma akka ba'e bifa armaan gadiin kaayamera.

#### 4.3.3.1. Fayyadama Akkasaa

1. …mudhii sonsaa nama hidduf jedhuu fakkata. Rifeensi mataa ishee luccaa akka eege farda mootiti.(k2:16)

2… gara laafessa akka dubartiiti….(k2:19)

3…gidiraan uummata Oromootti akka dhagaaulfaate (k1:27)

4..akka alaabaa bilisummaa oljedhee .(k3:46)

5…akuma kubbaa asiifi achi darbachuun…(k1:47)

6…tokkitti akka ilmoo kuruphee..(k1:55)

7…akka galaanaa dambali'aa…(k2:58)

8..akka haphee walitti maraman..(k3:58)

9..fuulli ishee gurraacha'uun cilee udduu eelee sibilaa fakkeesse…(k1:64)

10..dafqi illee isaarra akka godoo gannaa dhimmise…(k3:106)

Barreessaan sadoommii akkasaa, fayyadamee ergaa dabarsuu barbaadu dabarsera. Innis, jechoota akkasaa agarsiisan kan akka, fakkata, ammafi caala jedhuun kan ibsamanidha. Kun immoo warreen uumaman garaagarummaa qaban, garuu haala tokkoon ibsamanidha. Fkn " …mudhii sonsaa nama hidduf jedhuu fakkata. Rifeensi mataa ishee luuccaa akka eegee farda mootiti" As keessatti jecha akka jedhuun mudhii Jaalanneefi mudhii sonsaa walbira qabee ibsera. Dabalataanis, eegee farda mootiifi rifeensa Jaalannetu ibsame. Kanaafuu wantoonni ibsaman jecha akka jedhuu ta'uu isaati. Fkn 2ffaa, "fuulli ishee gurraacha'uun cilee udduu eelee sibilaa

fakkesse “ As keessatti fuula Jaalanne yeroo Naatanan waliin qunnamtii saala gochuu jettutu cilee udduu eelee sibilaan walbira qabamee ibsame.

**4.3.3.2. Fayyadama Bakkasaa**

1. ijashee kororimaa sanaan….(k1:17)

2. Afaanshee xuuxxoodhuma…..(k1:17)

3. Aara funyaan isaa keessaa ba’u haara mana citaa keessaa yeroo gannaa mana hoo’isuuf aarsaan kan arge hin wallaalu..(k3:25)

4….moma ishee alangee san..(k2:41)

5…funyaan boombii,…ilkaan qofforaa..(k1:77)

Bakkasaan amala waan tokko fuudhanii waan biraatti uwwisuuti. Kun immoo wantoota walitti dhiyaachuu hin dandeenye walitti fiduudha. Barreessanis dhimmicha hubachisuufi qalbii dubbisaa seenuuf amala waan tokkoo tokkon bakka buuse ibsa. Fkn “ijashee kororimaa,…afaanshee xuuxxoo…” ija intalaa caalatti qalbii dubbisaa rarrasuu kororimaa kan baay’ee namatti tolu, afaan xuuxxoo kan bareeduun bakka buuse. Dabalataanis, aara funyaa Goobanaa keessa ba’u aara godoo manaa ba’uun walqabsiisuun, Goobanaan baayyee tamboo jaalachuu isaas ni agarsiisa. Kanaafuu, barreessan fayyadama bakkasaa irratti haalan fayyadamera.

**4.3.3.3. Fayyadama Arbeessuu**

1….iyyi barattota m/b Libban Maccaa..guyyuma iiti dukkanesse (k1:18)

2 …osoo bubbee cimaan itti dhufee waan fudhatee deemu , huuqqinni fuula isaatti…bishaan liitira tokko ni baata.(k1:25)

3……cidhicharratti waanuma uummanni Oromoo miiyonniafurtamni argaman namatti fakkata.(k3:37)

5. Ishee mataan qicicaa, kan rifeensiifi gurri morkii walqaban…..wiigii itti dhooftee..qufaa cimaa qufaanan kan hiikate…(k2:76)

Arbeessuun yaada sanaan ol gochuu irra tuuluu ykn irraa mulquudha. Kana jechuun, waan tokko humna isaan ol guddisuu ykn gadibuusuun ibsuudha. Fkn “Cidhicharratti waanuma uummanni Oromoo miliyoonni afurtamni argaan fakkata” baayina namoota cidharratti argamanii arbeesse. Dabalataanis, “ ihee mataan qiciicaa, kan rifeensifi gurri morkii walqaban …qufaa cimaan ni hiikata” kun immoo humnaa ol busheessudha. Haala rifeensa ishee baayyee jibbuurra kan ka’e ta’uu agarsiisa. Kanaafuu barreessan arbeessutti dhimma ba’eera.

#### 4.3.3.4. Fayyadama Mallattoo

1….haadha isa deesse, walakkaa qaama ishee isaaf utubaa ta’e…barruu harka isheerraa kan soorate..(k2:31)

2…jifuu guutee hindhee/coqorsa…..(k1:33)

3..areeda isaa dheereffatee, qeensaafi rifeensa isaa ofirratti dagaagsee..(k2:55)

4…amartii mormaa mallattoo boca odaa …..(k3:63)

5…..itti awwaallame Bataskaana kidaanemiretitti..(k1:103)

Barreessan asoosama ‘Gumaa Galaatee’ mallattoolee garaagaraatti dhimma ba’uun waan baayyee ibse. Haadha biyyatti, hindhee ykn coqorsa jiidha seera safuu fuudhaafi heerumatti, dheerachuu areedaafi rifeensaa immoo mallattoo gaddaatti, odaa mallattoo Oromummaattifi Bataskaana amantiitti mallatteessun dhimma itti ba’eera.

Walumaagalatti, barreessan asoosam ‘Gumaa Galaatee’ sadoommiiwwan jiran maratti dhimma ba’uu baatuu, muraaa isaatti kan dhimma ba’eedha. Fkn nameessuu, habalaka, hinjirree dubbisuufi sobdhugaa kan jedhamutti hin fayyadamne.

### 4.4 Xiinxala Waldhabbii Asoosamaa’ Gumaa Galaatee’

Askeessatti waldhabbii asoosama’ Gumaa Galaateetu’ xiinxalama kunis bifa garaagaraan kan xiinxalamudha**.**

#### 4.4.1 Xiinxala Waldhabbii Keessoo

*Deemuuf yoo jettu, miila isheetu walxaxe. Baqachuuf bakki itti fiigan hin jiru.tuuta barattootatu moonaa/ foonaa itti ta’e . naasuun naasuudha…(k2:18)*

Waraabbii kanarraa kan hubatamu, Jaalanneetu ofii ishee waliin sababa laguun ishee m/b itti dhufeef, qaanoftee, takkaa fiiguu moo dhiisu, naasuun waan gootu wallaalte yaada muraasa ofi godhu moo hin godhu jechuun murtee dhabuun ofiin waliin waldhabbii uumuudha.

*……. "Goobanaaf barsiisummaatu malee, ….? Kana ti-ti-aayi (TTI). Piroofeesar Goobanaan, Ingiineeraykn Doktera ta'uutu itti ture! Maalan godha?" jechuun isa keessa isaatti dhukkuba garaachaa itti ta'e machii araaqee keessa dhoksee haasa'a…(k3: 30)*

Askeessatti Goobanatu, sadarkaan barnoota isaa isa gammachiisuu dhabuun, sababa barnoota barsiissummaa barateef yaadate yeroo machaa'e ofii waliin maalan godha? Akkamitti? Jechuun ofii waliin waldhabaa jira.

*Onnee isaatu keessaa ba'ee utaaluuf dhiikifate. Qaama isaatu qaama isaatti foorice. Keessa isaatu keessa isaatti hasaase. Qaanqee jaalalaa, fedhii dhiirummaa kuusa onnee isaatu,…guutee futtaafate….waan godhu dhabee…….(k1:64)*

*Yaadaan bade deebi'uu dide. Humna akka hin jenneef boru dubbiitu bada.jecha ittiin amansiisuubarbaade argatus, dubbachuuf afaantu walxaxe. Hidhiitu hoollate..(k2:84)*

Waraabbii kanneen keessatti, Naataanantu hiriyaa isaa Jaalannee waliin guyyaa jalqabaaf qunnamtii saalaa gochuuf godhumoo dhiisu, yoon dhiise immoo hiriyoonni koo natti kolfu. Yoon raawwadhe immoo… yaada isaan murtoo dhabuun waldhabbii keessoo jechisiise.

*Jaalannee fuulli ishee akka kaleessaafi dheengaddaa miti maddisheetu hoollata. Ijasheetu rifata. Garaatu ammaata. Garaa ishee mura. Ni baqaqsa. Lafaa ka'ee boo'i boo'I isheen jedha. Sagalee namaa ishee jibbisiisa. Afaan isheetu dhiiga…(k4:99)*

Warabbii kana keessatti gaafa guyyaa galgala hiriyaan ishee Naataanan ajjeeffamu saan waldhabbii qaama ishee gidduutti uumame bakka itti ka'eedha.kun immoo takka boo'uu, maal taate akka boossu hin beektu. Qaamonni ishee marti waan faallaa dalaguu, gurri ala dhaggeeffata, garaan ishee immoo ni mura, ijji ishee ni rifata. Kanaafuu waldhabbii keesa Jaalannee ta'a.

*Baacaan amma ammaatti Jaalannee waliin hin haasofne. Jibba malee waliin hoodan. Buusee baasa, yaabee yaabsisa, korsiisee irraa buusa….(k3; 108)*

Askeessatti Baacaatu hiriyaa Jaalannee Naataanan ajjeesee, hiriyuma isaa waliin icciticha qabatee baqachuuf jedha. Yeroo kana yaada iaatu ala ba'ee deebi'a, yaada koriie baasa. Jaalanni himu moo dhiisu? Yoo itti hime ana na dhiisuu dandeessi. Kanaaf icciticha waliin waldhaansoo walqabu.

*Jaalanneen akka nama busaan qabee, sodaaf haa ta'uu gootummaaf, lugnummaa haa ta'uu jagnummaa, jaalalaaf haa ta'uu jibbaaf, seenaaf haa ta'uu seexaaf, yaadaf haab ta'uu yaaddoof, garaaf haa ta'uu maqaaf.../ keessa isheetu hoollata, ilkaan isheetu waldhaana. Ni roqoma.cororee gunguma. Halbee malee ishee mura. Muree tarsaasa.tarsaasee baqaqsa...(k3:109)*

Waraabbii kana keessatti, Jaalannetti kan waldhabbii akkasii uume baqachuu Baacaa,reefu du'uu hiriyaa jaalannee Naataanan. Naataanan maalif ajjeeffame, Baacaan hoo maal ta'ee baqachuuf jedha yaada jedhuun qaamni Jaalannee waldhabbii keessoo uume.

*Garaanshee aannan dhugee qabbanaa'e. gammachuun machaa'e. immimmansheetu maddiirra yaa'e. kaatee deemuuf milatu walxaxe. Lukatu sakkaallame....yaada isheetu yaada isheen walii galuu dide......biyya Arabaatti badi! Naqamtee biyya haadha keetti gali!mootummaatti anatu ajjese jedhii harka kennadhu. Maallaqa isaa fudhuu gara miilli si deemsisetti deemi! Dafi! Sitti bari'ee! Sitti bari'ee...(k1:113)*

Waraabbii kan keessatti, Jaalanneetu Baacaa ajjeesee, lafti bari'uu geenyaan gara itti gortu dhabdee ofii waliin waldhaasoo qabaa jiraachuutu mul'ata. Kun immoo arga ajjeetee, mootummaatti harka kennuu hinta'u, biyya Arabaatti baduu lakkii, maallaqa isaa fidee godaanuu lakkii, yaanni tokko yaada yoo maddisiu kun immoo faallessu Jaalannee oolchuu barbaadu

**4.4.2 Xiinxala Waldhabbii Namaafi Namaa**

Waldhabbii namaafi namaa jechuun, waldhabbii namfakkileen asoosamicha keessatti uumanidha. Kanaaf asjalatti kan xiinxalamu waldhabbii namfakkileeti

*Bakka hojii turee galgala galuuf osoo deemuu, karaarratti eeggatanii waraananii ajjeesan.mana iaa hanqisanii karaarratti conqolaasanii biraa deeman. Hiriyaa Jaalannee, abdiif abdata ishii Naataanaaniidha. Hin hokoksine. Hin dubbanne, enyuu akka ajjeese hin himanne......(k3:100)..... ragaan namootaa akka ibsutti, Jiituun bilbila bilbiltee, alatti waamtee*

*wajjin dhaabbachuun, Baacaafi Miikiya ta'e jedhanii obboleetti keenya waliin maaf dhaabbatajedhanii albeen waraananii ajjeesuu ragoonni hima….(k1:120)*

Waraabbii kana keesatti du'uun Naataanan abbaa dhabullee booda namoonni, akka jiituu, Baacaafi Mikiyaas du'a keessatti akka hirmaatan manni murtii magaala Amboo raga ba'eera. Kun immoo gama waldhabbiin yoo ilaalame, beekanis haa ta'uu Baacaafi miikiyaas Naataanan waliin erga wallolanii boodaajjeean kanaaf waldhabbii namafi namaa ta'e.

*Qaxxisa qocaa, callisa beekaa, tooftaa gamnaa….fayyadamtee uuta jechuun, biraa kaate. Korojoo ishee keesaaalbee baafattee,ilaaltee alaammatte. Ilkaanciniinnattee,onnee jabeeffattee,harka lamaaniin qabattee garaa boyyeetti dhoofte.keessaa ba'ee sireetti dhidhime! Garaa Shawaangizawu Taklee"ahaaaaa" sagalee biraa hin dhageessifne.deebi'ee rafe…..(1:112)*

Askeessatti, bifa ifaanis, ta'uu baatu, Jaalanneefi Baacaan waldhabaniru. Sababni isaa yaadan waliin osoo itti hin haasa'in si waliin boolla ati eente nan seena jettee manaa waliin ba'anii karatti gumaa Naatanaan hiriyaa ihee ba'uun waldhabbii namaafi namaa, kan Baacaafi Jaalanneeti

**4.4.3 Waldhabbii Namaafi Uumaa**

Waldhabbiii namaafi uumaa jechuun, kan waaqni ykn uumaan raawwate yoo ilma namaa irratti dhiibba fide waldhabii namaafi uumaa jedhama.

*Jaalanneen waan ta'e hundumaa galtee teessee boosee, uumaa ishee komattee callistee dhiiste…(k3:19)*

Waraabbii kana keessatti Jaalanneen yeroo jalqabaa isheef laguu mana barumsaa keessatti waan agarteef baayyee rifattuulee, mana rifeensaa Naatanaanitti boqatte. Haa ta'u malee yaadichi naasuu waan of keessaa qabuuf manas, genyaan yaadatte. Waaqas sana keessa maaf durba na goote?maaf laguun m/b natti dhufaan koomii Jaalanneen waaqa komatteedha.

Walumaagalatti waldhabbiin asoosama 'Gumaa Galaatee' keessatti gosoonni waldhabbii hundi argamuu baatanis warreen mul'ataniifi qorattuun hubatte bifa kanaan xiinxalamera.

# Boqonnaa Shan: Guduunfaa, Argannoofi Yaboo

## 5.1 Guduunfaa

Qorannoon kun mata duree " Xiinxala fayyadama afaaniifi waldhabbii asoosama Gumaa Galaatee" yoo ta'u boqonnaalee shanitti i qoodamee kan qoratameedha.Inniis boqonnaa tokkoo seensa, boqonnaa lam sakatta'a barruu yaadrimeefi barruu walfakkii, boqonnaa sadii malawwaan qorannoo , boqnnaan afur xiinxala ragaalee, boqonnaa shan guduunfaa, argannoofi yaboo/yaada furmaataa kan hammatuudha.Qorannoon kun kaayyoo irraatti hundaa'ee qorannoo bu'uuraa yoo ta'u, haalli dhiyaanna isaa immoo ibsittuudha.Maddi raga tokkoffaa qorannoo kanaa asoosama dheeraa Gumaa Galaateefi maddoonni biroon immoo kitaabilee, qorannoowwan adda addaati.Tooftaan xiinxala raga qorannoo kanaa akkamtaadha.

## 5.2 Argannoo

Argannoon qorannoo kaayyoo gooree kaayyeffatame irraatti kan hunda'udha.Innis tokkoon tokkoon kaayyoo gooree hojiin agarsifaman ibsuudha.Innis gama xiinxala fayyadama afaaniifi waldhabbii asoosamaan kan walqabatu ta'ee qaacceessa tokkoon tokkoo fayyadama afaaniifi waldhabbii asoosamicha keessaatti argamu giddu galeessa kan qodhateedha.Kanaafuun, argannoowwan qorannoo kanaa akka armaan gadiitti eeramani jiru.

- Fayyadamni afaanii asoosamicha garee gareetti qoodamuun asoosama keessatti argaman haalan adda bahuun xiinxalamanii jiru.fayyadama jechootaa keessaa jechoota ergisaa, jechoota loogaa, jechootawlfakkiifi kkf ibsamaniru. Mammaaksi, ilaalamera.Kunis akaakuu sadoommii kan akka akkasaa, bakkasaa, nameessuu, mallattoo, arbeessuu kanneen asoosama Gumaa Galateenkeessaatti argaman gosaa gosaan fakkeenya itti kennuun xiinxalamanii jiru.Kun mmoo asoosamicha keessatti kan argaman fayyadamni afaanii kunneen haala hojirra oolmaa isaan ogbarruu keessatti qabaniin kan lafa kaa'amedha.
- Kaayyoo gooree lammaffaa ilaalchisee, waldhabbii asoosamichaa kan walqabatu yoo ta'u, tkkoon tokkoon waldhabbii asoosamichaa kan itti xiinxalamanidha. Kunis, waldhabbiii gosoonni isaa kan akka , waldhabbii keessoo, waldhabbii namaafi namaa, waldhabbii namaafi uumaa jedhamuun xiinxalamaniru.
- Kaayyoon gooree qorannoo kanaa kan biraa immoo fayyadamni afaanii asoosama Gumaa Galaatee, waldhabbii caalatti ifa gochuuf gumaacha isaa xiinxaluu yoo ta'u,

tokkoon tokkoon fayyadama afaanii asoosamichaa haala qabataman hawaasa keessatti kan mul'atuufi waldhabbiin muldhatus, haala jiruufi jereenya hawaasaa kan giddu gala godhate ta'uu isaati.

### 5.3 Yaboo/Yaada furmaataa

Qorannoon kun asoosama "Gumaa Galaatee" jedhu irraatti kallattiin xiinxalafayyadama afaaniifi waldhabbii irratti qofa kan xiyyeeffatu waan ta'eef qorannoo biroo namoonni gaggeessuu barbaadan osoo caacculee asoosama irraatti qoratanii guddina ogbarruu Oromoof bu'aa guddaa buusuu danda'u.Dabalataans namoonni kitaaba asoosamaa Gumaa Galaatee amma ammaatti hin dubbisi jiran yoo jiraate baay'ee waan nam hawwatuufi ergaa cimaa dhimmoota Oromoo caalatti waan ibsuuf osoo dubbisanii. Karaa biroo immoo mala qeeqqoo ogbarruun qorannoon osoo irratti gaggeeffamee,caalatti qabiyyee asoosama kanaa waan ifa godhuuf qorannoon gama kanaan osoo iraatti qoratame bu'aa qaba.

# Wabii


Abbabuu Tarrafaa.(2011). "Xiinxala Fayyadama Afaanii Asoosama" yaboo Yeellofte keessatti" waraqaa qorannoo digirii baachilarii guuttachuuf dhiyaate, yuunivarsiitii Finfinnee (kan hin maxxaffamne)

Addunyaa Barkeessaa.(2018). *Semmoo*.Bu'uura Barnoota Afaaniifi Oromoo. Max,3ffaa Finfinnee

Amaan Adamifi Baahiruu Dirribaa.(2006). *Royaal*. Barnoota Afaan Oromoo max 2ffaa Finfinnee:Oromiyaa

Beekaan Gulummaa .(2015). Tujubaa, Finfinnee: Oromiyaa, Elleenii.P.P.P.L

Birhaanuu Maatiwos .(2013*). Fundemantals of Literature.*Addis Ababa:Addis Ababa university press.

FedhasaaTaaddasaa.(2017).*Bu'uuraalee Ogbarruu*.Finfinnee:Ilsaba publishing

Jaalallii Hayiluu .(20002). " Xiinxala Fayyadama Afaanii Asoosama Yaadanii" Waraqaa Qorannoo Digirii Baachiralii Guuttachuuf Dhiyaate. Yuuniversiitii Finfinnee, (kan hin maxxaffamne)

Jaarraa Wasaneefi Wasanee Bashaa.(2008).*Bantuu Haaraa*.Caaslugaafi ogbarruu Afaan Oromoo.Finfinnee: Oromiyaa

Melakneh Mangistuu.(2003).Fundementals of literature.2$^{nd}$ edition.Addis Ababa:Branna P.E

O'Grady and Dobrovesky .(1996).Contemporary Lingustics Analysii (thided). Universty of Colgory Canada

Tokkicha Fayyisaa .(2013). Gumaa Galaatee, Finfinnee:Oromiyaa, Elleenii.P.P.P.L

ዘሪሁን አስፋው፡፡(2014)፡፡ የስነጽሁፌ መሰረታዊያን፡፡ አዲስ አበባ፡ንግድ ማተሚያ ድርጅት፡፡

## Waraqaa Mirkaneeffannoo

Ani qorattuun maqaafi mallattoon koo armaan gaditti heerame waraqaan qorannoo kun hojii koo ta'uu ibsa. Kanaan duras yuuniivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaatiif kan hin dhiyaanne ta'uu isaa, akkasumas, wabiileen qorannoo kanaaf fayyadame haala seera qabeessa ta'een fudhadhee wabii keessa galchuu koo nan mirkaneessa. Akkasumas, Gorsaa qorannoo kanaa kan ta'an hojiin qorannoo kun kan qorattuu kanaa qofa akka ta'e mirkaneessuuf mallattoo isaanii armaan gaditti mallatteessuun mirkaneessaniiru.

Maqaa Qorattuu: ______________________________

Mallattoo: _________________________________

Guyyaa: ____________________________________

Maqaa Gorsituu: ________________________________

Mallattoo: ___________________________________

Bakka: Yuuniivarsiitii Addis Ababaa

Guyyaa: ______________________________________